



# Yoo Beeksisa Mana Murtii Immigireeshiniitti Dhiyachuu Argattan Maal Gochuu akka Qabdan

(What to Do If You Get a Notice to Appear for Immigration Court)

Waraqaan ibsituu kun yoo sanada mana murtii immigireeshiniif “Beeksisa Itti dhiyaachuu” jedhamu poostaadhaan argattan maal gochuu akka qabdan dubbata. Kan inni ergamu Ministeera Nageenya Biyya keessaarraati. Kana jechuun mootummaan biyyatti isin deebisuuf yaalaa jira jechuudha.

Fuula dhugeeffannoo kana afaan Ingliiziin ykn kabiroom dubbisuuf, daawadhaa: [LawHelpMN.org](http://LawHelpMN.org)



Waraqaan dhugaa kun Giddugala Seera Godaantotaa Minnesota, Gargaarsa Seeraa Mid-Minnesota, Tajaajila Seeraa Naannoo Kibba Minnesota, The Advocates for Human Rights, fi Volunteer Lawyers Network waliin ta'uun kan qophaa'edha. Maallaqa Kutaa Tajaajila Namaa Naannoo Minnesota irraa argameen deeggaramee ture.



# Beeksisni Ergamu Maal akka Isinitti Himu

## Beeksisni Ergamu Maali?

Beeksisni Ergamu ykn NTA'n sanada Dhimma Nageenya Biyya keessaa irraa argachuu dandeessanidha. Kana jechuun mootummaan biyyaa keessanitti isin deebisuuf yaalaa jira waan ta'eef mana murtii dhaquu qabdu jechuudha. Beeksisni ergamu maaliif Mootummaan biyyaa keessanitti akka deebi'uu qabdan yaade jedha. Akkasumas **guyyaa** fi **bakka dhaddacha jalqabaa** keessan ibsuufii qaba.

## Yoon Beeksisa Ergame argadhe, dhaddacha koolugaltummaa qaba jechuudhaa?



Lakki. Beeksisa Ergame jechuun mootummaan gara biyyakeetti si deebisuuf yaalaa jira jechuu **gofa**.

- Koolu galtummaa ykn adeemsa gargaarsa biroo jalqabame **jechuu miti**. Yoo koolu galtummaa ykn gargaarsa gosa biraa barbaaddan, iyyachuu qabdu.
- Ameerikaa keessatti hojjechuuf hayyama qabdu **jechuu miti**. Yoo hojjechuu barbaaddan hayyama argachuuf iyyachuu qabdu.

## Beeksisa Ergame maal fakkaata?

Waraqaa ibsituu kana keessa [fakkeenya Beeksisa Ergameetu jira](#). Beeksisni Ergamu Odeeffannoo afur kenna.

- 1. Odeeffannoo waa'ee keessan.** Maqaa, guyyaa dhalootaa, teessoo fi lakkoofsa bilbilaa keessan ni ibsa. Akkasumas A-Number ykn "Alien Registration Number" keessan ni ibsa. Lakkoobsi kun baayyee barbaachisaadha. Yeroo dhimma immigireeshinii keessanitti isin barbaachisa. Bakka eegumsa qabu kaawwadhaa.
- 2. Sababa mootummaan biyya keessanitti isin deebisuu barbaadeef.** Kutaa seera mootummaan cabsitan jedhee yaadu ni hima.
- 3. Bakka, guyyaa, fi yeroo dhaddacha jalqabaa keessanii.**
- 4. Mallattoo qondaala Ministeera Nageenya Biyya keessaa.** Namni Beeksisa Ergamu erge sanada sana mallattessee guyyaa itti barreessuu qaba.

**In removal proceedings under section 240 of the Immigration and Nationality Act:**

Subject ID: \_\_\_\_\_

FINS: \_\_\_\_\_

File No.

Lakkoofsa A-Keessan ykn  
"Alien Registration"

DOB: **Guyyaa dhaloota**

Event No: \_\_\_\_\_

In the Matter of:

Respondent: **Maqaa guutuu** currently residing at:

**Teessoo bakka jiraattanii fi lakkoofsa bilbila keessanii**

(Number, street, city and ZIP code)

(Area code and phone number)

1. You are an arriving alien. **Saanduqa 1 ykn 2 irratti yoo mallattoon jiraate mootummaan waraqaa malee U.S. galte jedha.**
2. You are an alien present in the United States who has not been admitted or paroled.
3. You have been admitted to the United States, but are removable for the reasons stated below.

**Saanduqa 3 irratti yoo mallattoon jiraate, mootummaan waraqaadhaan U.S. galte, garuamma seeraan addana hin jirtu jedha.**

The Department of Homeland Security alleges that you:

**Dhugaan isin irratti mul'atu asitti tarreeffama. Lammii Ameerikaa akkasumas lammii biyya irraa dhuftanii miti jechuu danda'a. Qaama seeraa mootummaan akka cabsitan eerus ni ibsa.**

- This notice is being issued after an asylum officer has found that the respondent has demonstrated a credible fear of persecution or torture.
- Section 235(b)(1) order was vacated pursuant to:  8CFR 208.30(f)(2)  8CFR 235.3(b)(5)(iv)

YOU ARE ORDERED to appear before an immigration judge of the United States Department of Justice at:

**Teessoo mana murtii dhaddacha keessaniif bakka deemuun isin barbaachisu**

(Complete Address of Immigration Court, including Room Number, if any)

on **Guyyaa dhaddacha** at **Yeroo dhaddacha keessanii** to show why you should not be removed from the United States based on the

(Date)

(Time)

charge(s) set forth above.

4.

**Mallattoo Qondaala Kutaa Nageenya Biyya keessaa kan Beeksisa kana siif erge**

(Signature and Title of Issuing Officer)

Date: **Guyyaa Beeksisi Ergamu keessan itti ergame**

**Magaalaafi isteetii bakka Qondaalli taa'ee hojjetu**  
(City and State)

See reverse for important information.

## Mootummaan seera akkamii cabsiteetta anaan jedhee himachuu (dubbachuu) danda'a?

### Fakkeenya: Mateo'f Beeksisa Ergame

Mootummaan waraqaa malee Ameerikaa dhufte jechuu mala. Fakkeenya kana keessatti Mateo'n seeraan ala daangaa Meksikoo irraa gara Ameerikaatti seenee ture.




**Sanduuqa #2 irratti mallattoon taasifameera.** "Isin alagaa Ameerikaa keessatti argamu kan heyyama seensaa hin qabne ykn dhiifama hin argannedha."

#### Dhimmi Nageenyaa Biyya keessaa akka himatutti:

- Isin lammii Ameerikaa miti.
- Isin lammii Mexico ti.
- Amajjii 8, 2024 Ameerikaa El Paso, Texas dhuftan.
- Qondaala immigireeshiniin erga sakatta'amee booda heyyama seensaa hin fudhanne ykn dhiifama hin argannedha.

### Fakkeenya: Hani'f Beeksisa Ergame

Mootummaan waraqaadhaan Ameerikaa dhufte jechuu mala (kan akka viisaa yeroof kenname) garuu amma seera-qabeessummaan as hin jirtan. Viizaa yeroof kenname qabachuuf seera hin hordofne jechuu danda'u. Yookiin immoo yakka raawwatte jechuun viizaa yeroof kenname qabachuu hin dandeessu jechuu danda'u. Fakkeenya kana keessatti Hani viizaa barattootaatiin gara Ameerikaa dhufte garuu ji'a jaha booda barnoota addaan kutuu qabdi turte. Mana barumsaa keessa jiraachuun seera viizaa barattootaa ishee eeguu keessaa isa tokko.



**Sanduuqa #3 irratti mallattoon taasifameera.** "Ameerikaa seentanii jirtu, garuu sababoota armaan gaditti ibsamaniin biyyaa baafamuu dandeessu."

#### Dhimmi Nageenyaa Biyya keessaa akka himatutti:

- Isin lammii ykn jiraataa Ameerikaa miti.
- Isin lammii Somaaliyaati.
- Viizaan barattootaa Adoolessa 1, 2023 isiniif kenname.
- Buufata Xiyyaaraa Idil-addunyaa Joon F. Keeneedii, New York - 4701 Hagayya 15, 2023 Ameerikaa seentan.
- Mana barumsaatti hin galmoofne. Haala viizaa barattummaa keessanii hin kabajne.



# Erga Beeksisa Ergamu Argattee booda Maal Gochuu akka Qabdan



## Guyyaa fi sa'aatiin dhaddacha keessanii sirrii ta'uu isaa mirkaneeffachuuf ilaalaa.

- **Bilbilaan.** Bilbila kanarratti EOIR'f bilbilaa **1-800-898-7180**. Lakk.- A ykn "Alien Registration Number" keessan seensisaa (Lakk.- A argachuuf gara [immigrationhelp.org](https://www.immigrationhelp.org) deemaa). Guyyaa fi sa'aatii dhaddacha keessanii ilaaluuf filachiiftuu filannoowwanii fayyadamaa. Sararri bilbilaa kun afaan Ingiliffaa fi Ispeenii kan qophaa'edha. Gargaarsa afaan Ispeenii argachuuf 2 tuqaa.
- **Sarara kallattiin.** Gara: [acis.eoir.justice.gov](https://www.acis.eoir.justice.gov) deemaa. Lakk.- A keessan seensaa. "Odeeffannoo Dhaddacha Itti Aanu" fi "Odeeffannoo Quunnamtii Mana Murtii" ilaalaa.

Beeksisni Ergamu Keessan hatattamaan bilbila ykn sirna toora interneetii keessa jiraachuu dhiisuu danda'a. Yoo Beeksisni Ergamu isiniif dhufe garuu bilbilli ykn sararri kallattii dhaddacha beellamame hin qabdu yoo jedhe, **qajeelfama beeksisa irratti barreeffame hordofuun gara dhaddacha keessanii dhaqaa.** Waan haaraa argachuuf guyyaatti al tokko bilbila ykn sarara kallattiin ilaaluu itti fufaa.

02



## Maqaan, guyyaan dhalootaa (DOB) fi teessoon keessan sirrii ta'uu isaa mirkaneessaa.

- **Yoo teessoon keessan Beeksisa Ergamu irratti dogoggora ta'e**, teessoo keessan haaraa Mana Murtii Immigireeshinii, Immigireeshinii U.S fi Raawwachiisummaa Gumurukaa (ICE), fi Dhimma Nageenyaa Biyya keessaatti gabaasaa. LawHelpMN'n waraqaa ibsituu jijjiirama teessoo gabaasuuf isin gargaaru qaba. Gara: [lawhelpmn.org/self-help-library/fact-sheet/reporting-change-address-immigration-court](http://lawhelpmn.org/self-help-library/fact-sheet/reporting-change-address-immigration-court) deemaa.
- **Yoo gara isteetii gara biraa deentan akkasumas dhaddacha immigireeshinii keessan gara mana murtii gara biraatti jijjiiruu barbaaddan**, bakka keessan akka jijjiiramuuf yaada dhiheessaa. LawHelpMN'n waraqaa ibsituu jijjiirama teessoo gabaasuuf isin gargaaru qaba. Gara: [lawhelpmn.org/self-help-library/fact-sheet/how-move-your-immigration-hearing-different-court-change-your-venue](http://lawhelpmn.org/self-help-library/fact-sheet/how-move-your-immigration-hearing-different-court-change-your-venue) deemaa.
- **Yoo maqaan ykn guyyaan dhaloota kee (DOB) dogoggora ta'e**, dhaddacha keessan isa jalqabaa irratti abbaa murtiitti himaa.

03



## Yoo dandeessan abbaa seeraa waliin dubbadhaa.

Mootummaan tarreeffama abbootii seeraa bilisaa Beeksisa Ergamu waliin erguu danda'a. Isaaniif bilbiluu dandeessu. Akkasumas, [LawHelpMN.org](http://LawHelpMN.org). irratti abukaatota bilisaa barbaaduu dandeessu.

Abbootiin seeraa bilisaa barbaadamummaan isaanii guddaadha. Abukaatoo bilisaa waan gaafattaniif qofa argachuu dhiisuu dandeessu. Akkasumas yoo dandeettii qabaattan abukaatoo dhuunfaa qacaru dandeessu. **Yoo abbaa seeraa waliin wal arguu dandeessan, Beeksisa Ergamu kan keessanii arguu barbaadu.**

**Yoo abukaatoo hin arganne ammallee dhaddacha keessan isa jalqabaa deemuun isin barbaachisa.** Yoo abukaatoo isin gargaaru argachuu dadhabdan ofuma keessanii dubbatachuu dandeessu.

04



### Galagalcha taasifadhaa.

Beeksisni Ergamu sanada barbaachisaa dha. Galagalcha taasifadhaa ykn bilbila keessaniin suuraa kaafadhaa. Bakka eegumsa ga'aa qabu kaawwadhaa.

05



### Dhaddacha keessan isa jalqabaarratti fidaa.

Abbaan murtii Beeksis Ergamu argachuu fi dhiisuu keessan isin gaafata. Of biraa qabaachuun isin gargaaruu danda'a. Gara [lawhelpmn.org](http://lawhelpmn.org) deemaa ykn koodii QR iskaan gochuun waraqaa ibsituu waa'ee yeroo jalqabaaf mana murtii immigireeshinii deemtan maal eeguu akka dandeessan sakatta'aa.



**Fact Sheets odeeffannoo seeraa ti. Gorsa Seeraa MITI. Gorsaaf abokaattoo qabadhaa**  
**Fact Sheet kana yoo inni wagaa tokkoo ol ta'e itti hingargaaraminaa. Haaromsaaf tarree Fact Sheet, ykn akkaataa roga jijjiiramaaf nugaafadhaa.**

© 2025 Minnesota Legal Services Coalition. Sanadni kun dhimma daldalaaf hintaane, namtokkeedhaafi barnootaaf baay'atee raabsamuu danda'a. Mirgoonni biroon hundinuu eegamoo dha. Beeksisni kun waraabbii hunduma irratti argamuu qaba. Baayisuun raabsuun fi .dhimma daldalaaf itti gargaaramuun cimsamee kan dhorkamee dha.